Ajandaa Kokasii Gooxii Filannoo DFL*

1. Galmee 6:30 p.m irratti banuu fi Filannoo Bulchaatif Sagalee Kennuu eegaluu
2. Walgahuu (Walgahii Eegaluu) 7:00 p.m irratti
3. Walbaruu fi Nagaa Walgaafachuu
4. Ulaagaalee Gahumsa Hirmaataa Dubbisuu
5. Ibsa Loogii Pozeetivii (Affirmative Action), Qunnamtii fi Hammannaa Dubbisuu
6. Ibsa Waltajjii Dubbisuu
7. Dura Taa'aa Kokasii fi yoo xiqqaate Dubbii Himtoota 2 Filuu, akkasumas Barreessaa Yaa'ii ramaduu
    a. Ramaddiin dura taa'aa galgala har'aa qofaafi. Dalagaan kokasicha gaggeessudha.
8. Yoo barbaadame, seerota hojii kokasii gooxii filannoo fayyadamuu
9. Dura Taa'aa fi Itti Aanaa Dura Taa'aa Gooxii Filannoo lama filuu
    a. Hojjettoonni kunneen waggoota lamaan itti aananiif tajaajilu. Dalagaan Paartii DFL gooxicha filannoo keessatti qindeessudha. Akkasumas Kutaa Qindeessaa Koree Giddugalaa keessatti gooxicha filannoo bakka bu'uudha.
    b. Yoo xiqqaate Itti Aanan Dura Taa'aa tokko Dura Taa'aa waliin saala walfakkaatu kan qabu ta'uu *hin* qabu.
10. Kutaa Qindeessaa/Bakka Buutota Yaa'ii Seenetii Aaanaa fi Bakka Buutota Dabaree Filuu
    a. Yoo hirmaattonni ammallee galmaa'aa jiran malee, 7:30 p.m irratti eegaluu qaba.
11. Murtiiwwan Yaada Keessa Galchuu
    a. Murtii Dura Taa'aa Kokasichaatin, hojii biraa keessatti yeroo boqonnaa gaggeeffamuu mala
12. Haasawwan Daawwattootaa Keessummeessuu
    a. Murtii Dura Taa'aa Kokasichaatin, hojii biraa keessatti yeroo boqonnaa gaggeeffamuu mala
13. Hojii Biraa
14. Booda 8:00 p.m xumuuruu

**Kokasiin qabxiilee dabaluu danda'a, garuu qabxiilee haquu hin danda'u.*

Seerota Kokasii Gooxii Filannoo Dhihaatan*

Maqaawwan Kennuu

1. Hirmaatan Kokasii kamiyyuu, ramaddii kokasichaan filamaa jiran kamiifuu ofii isaa filuu danda'a. Maqaa kennuun yookan yaada deeggarsaa kennuun jiraachuu dhiisuu mala.
2. Waldorgommiin yoo jiraate, kaadhimamaan tokkoon tokkoon ramaddii filannoon irratti godhamaa jiruu, maalif akka ramaddii sanaaf yaa'ichaan filamuu qaban ibsuuf daqiiqaa tokko fudhachuu malu.

Yaadota Dhihaatan/Murtiiwwan

3. Murtiiwwan kokasichaan ilaalamuuf dhihaatan hundi (akkasumas fooyyessiiwwan jechoota 5 yookan isaa olii kamiyyuu), erga dhihaatanii booda barreeffamaan Dura Taa'aa Kokasichaatif dhihaachuu qabu.
4. Dubbattoonni yaadota wiixinee yookan murtii deeggaran sadi akkasumas dubbattoonni morman sadi ol hin eeyyamaman. Erga dubbattoonni sadi dhimmicha irratti gama lamaanuu dubbatanii booda, mormii xumuurun, kokasichi battalumatti sagalee kennuutti deema.
5. Haasawwan daqiiqaa tokko caaluu hin qaban.
6. Namoonni biroo dhimmicha irratti dubbachuu fedhan hundi hanga dabaree argatanitti, dubbataan tokko si'a lama yaada wixinee yookan murtii irratti haasa'uu dhiisuu mala.
7. Namoonni biroo yaada kennuu fedhan hundi hanga dabaree argatanitti, namni tokko yaada murtii lama dhiheessuu hin malu.

Dubbattoota Daawwatoo

8. Kaadhimamtoonni, aangawoonni filatamanii fi hojjettoonni paartii hanga daqiiqaa lamaa kokasicha irratti haasaa godhuu malu.

**Seeronni armaan olitti tarreeffaman yaadota Kokasiin akka ni ta'a jedhutti dabalauu, haquu yookan jijjiiruu danda'uudha. Haa ta'u malee, Heeronnii fi Seeronni Itti Bulmaataa DFL, 2022-2023 Hubachiisonni Seeraa seerota kanneen bakka bu'u akkasumas yeroo seeronni kamiyyuu hojii irra hin oolle, Seeronni Ajajaa Robert, Haarofti Fooyyeffame Maxx. 12ffaan ni bulcha.*

Bu'uurota Kokasii DFL Minnesota

Kokasiin walgahii Dimokiraatota gooxii filannoo walfakkaatu keessa jiraataniiti. Kokasoonni Kutaa Qindeessaa DFL naannotiin kan qophaa'anidha, kunis namoota yaada walfakkaatu qaban waliin sadarkaa jalaatti hirmaachuf, waa'ee siyaasaa mari'achuuf, dhaabbileen DFL naannoo akka hojjetan gargaaruf akkasumas sadarkaa mootummaa hundatti magaala irraa hanga isteetitti hanga Pireezidantiitti Dimookiraatota filachuu irratti gargaaruf humnoota hojiitti makamuufidha. Minnesota guutuu keessatti, yeroo walfakkaatutti Kokasoonni Gooxii Filannoo 4,000 caalantu gaggeeffamu. Baga gara Paartichaatti nagaan dhuftan!

Wantoonni Galgala Kokasii Gooxii Filannoo irratti ta'an kunooti:

Sagalee Kennuu Filannoo Bulchaa - Waggaa hunda yeroo ramaddiin bulchaa filannoo irratti dhihaate, yeroowwan kokasoota gooxii filannoo sagalee filannoo ni gaggeessina. Bu'aawwan yeroo kokasii ni beeksifamu akkasumas Paartii Isteetitti ni gabaasamu.

Filannoowwan - Hirmaattonni namoota gooxii isaanii qindeessanii fi yaa'iwwan gara fuulduraa irratti bakka isaan bu'an ni filatu.

- **Dura Taa'aa fi Itti Aanaawwan Gooxii Filannoo** - Dimookiraatota gooxii isaanii keessaa qindeessuf hojjetu Akkasumas waa'ee dhimmoota barbaachisoo ta'an, barreeffamoota duulaa raabsuu, sagalee kennitoota galmeessuu fi sagalee kennitoonni sagalee akka kennan jajjabeessuu ollootatti dubbachuudhan kana gochuu danda'u. Kuni dura taa'aa gooxii filannoo keessan irraa addadha, kunis gahee galgala tokkooti, garuu nama tokkoon raawwatamuu danda'a.
- **Bakka Buutota Yaa'ii** - Yaa'ii Kutaa Qindeessaa isaanii irratti argamuuf fi hirmaachuf kokasii irratti filatamu. Yaa'ii kana irratti qaamichi:
    - Kaadimamoota naannoo Mana Maree Bakka Buutota Minnesota fi Seenetii Minnesotaatif akka dhihaatan deeggaruu yaada keessa ni galcha. Deeggarsi beekamtii qabu kaadhimamtoonni DFL ciccimoon akka filataman gargaara.
    - Hooggantoota Kutaa Qindeessaa isaan Kutaan Qindeessaa akka hojjetu yaa'iwwan gidduutti gargaaran ni fila.
    - Bakka Buutotaa fi Bakka Buutota Jijjiirraman Kongiresii DFL fi Yaa'iwwan Isteetii ni fila.
- **Jijjiirramoota Yaa'ii -** Yaa'ii Kutaa Qindeessaa isaanii akka hordofan kokasii irratti filamu. Yoo bakka buutonni gara yaa'icha hin dhufne, jijjiirramoonni gooxii keessan yaa'icha irratti bakka bu'uuf ni seenu.

Yaa'ii Kutaa Qindeessaa keessan gaggeessuu irratti gargaaruf tola-ooltummaa kennuu - Yaa'in Kutaa Qindeessaa keessan akka hojjetu gargaaruf koreewwan hedduu keessaa tokko irratti tola-ooltummaadhan tajaajiluu maltu. Kuni karaa baay'ee gaarii osoo itti gaafatamummaa yeroo dheeraa hin godhin kutaa keessa ittiin deeggartanidha.

Murtiiwwan irratti Barreessuu fi Sagalee Kennuu - Hirmaatan kokasii gooxii filannoo kamiyyuu murtii (dabalata yookan fooyyessii Waltajjii Paartii Isteetiitti) dhiheessuu mala. Murtiiwwan ni dhihaatu, irratti mormamu akkasumas sagaleen irratti kennamu. Unkaan Murtii barbaadamu jira, kunis galgala kokasii irratti yookan http://www.dfl.org/partydocuments irratti kan argamu ta'a.